


KAI QEEERRO!!



Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa,
Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)

National Youth Movement for
Freedom and Democracy (NYMFD)

Dachii fi Daangaa Oromiyaa Ilaalchisee Labsa Qeerroo Bilisummaa Oromoo Irraa Kenname.

Amajjii 21,2016

**Lafa, qabeenyaa lafa jalaa jiru fi qilleensa Oromiyaa guutummaatti to’annoo
ummata Oromoo jala galchuu qofatu gaaffii ummata Oromoo deebisa.**

Habashooti, afaan qawweetiin itti duulanii, Oromoo lafa isaa irraa buqqisuun walii fi firootanii isaaniitii eerga qoodanii booda ummata Oromoo hiyyummaa fi wal’aalummaa keessatti darbanii hojjiisifachuun lafa fi dafqa isaatiin duuroomu kan eegalan jaarraa 14ffaa irraa yoo ta’e illee, kan ummata Oromoo miliyoonatti herregamu dachii/lafa isaa irraa buqqisee roobaa fi qabbana keessatti facaasuun kadhattuu fi waaridiyaa qeyee habashootaa taasisee jiruu, akkasumas ammo, jireenya maatiilee Oromoo fi ilmaan isaa dhabamsiise mootummaa Ixoophiyaa/wayyaanee ammaan tana Oromiyaa gabroomfatee jiruu dha.

Mootummaan Ixoophiyaa/Wayyaanee, ammaan tana Oromiyaa gabroomfatee jiru kun, “Tigraay akka mishoomtuuf, Oromoo fi Oromiyaan hiyyoomuu qabdi” imaammata jedhuun, lafa Oromoo saaamuu fi maqaa Investment’n saamsiisuu hojii duraa godhatee gannoota 25 darbaniif irratti hojjechaa jira. Qotee bulaa Oromoo kumoota hedduu irraa buqqisuun mootummaan: Miniliki, Haayilesillaasee fi Dargii magaalaa Finfinnee kan ijaaranii fi babal’isan oggaa ta’u, mootummaan Ixoophiyaa/Wayyaanee ammaan tana Oromiyaa gabroomfatee jirus, kan abbootiin isaa armana dura hojjetan daranuu itti fufuun, qotee bulaa Oromoo miliyoona hedduu dachii/lafa inni irraa: nyaatu, dhugu, daara bahu, wal’aanamuu, ilmaan barsiifatu, irratti horii horsiifatu, mana ijaarratu fi wal horu, akkasumas, yeroo du’u irratti awwaalamu fi madda jiruu fi jireenya isaa ta’e irraa buqqisee biyya abbaa isaa irratti: hiyyummaa, beela, daara, dhukkuba, akkasumas, jireenya salphinaa akka jiraatu taasifameera. Kana malees, mootummaan kun, dachii /lafa Oromoo kukutee qooduun fira ittiin bitatu fi Oromoo irratti diina heddumessuuf shirri inni hojjetuuf tattaafate seenaa gabrummaa kamuu keessatti kan argamee fi dhagahamee hin beeknee dha. Walumaagalatti, akeeki mootummaa wayyaanee, tigroota dureessaa fi ummata Oromoo hiyyeessa manaa fi oobruu tigrootaa keessaa hojjetu uumuudhaan ummatni Oromoo kabajaa fi boonee jiraachuu bare irkattuu tigrootaa akka ta’u godhuu dha.

Har’aan tana, ummatni Oromoo, gochaa bineensummaa Wayyaanee kanatti dammaqee, wayyaanee of irraa darbuun dachii/lafa angawoonni TPLF saamanii fi saamsisan safaree guutummaatti deebifachuuf, jaarraa 16ffaa keessaa yoo ta’e malee, falmaa hadhooftuu seenaa ummata Oromoo keessatti argamee hin beeknee godhaa jira. Sochiin kunis, gootummaa Oromoo

kan deebise haaromse qofa osoo hin taane, ummata Oromoo guutummaatti tokkoomsee kokkee isii waan qabeef, dardarri fi shamarran Oromoo abdii fi egeree Oromiyaa ta’an: dhibbi lamaa ol ta’an eerga ajjeefamanii , 2300 ol eerga itti madahanii, 6000 ol eerga itti hidhamanii, kummi hedduun bakki isaan bu’an eerga dhabamee fi biyyaa baqatanii booda, kan aangoo irra tursiisu itti fakkaatee, “Master Plan” jechuun gochaa sanyi duguuginsaa ummata Oromoo irratti raawwachuuf karoora baafatte dhaabuu isii Amajjii 12/2016, dhaaba ergamtuu isii taate OPDO keessaan wayyaaneen labsitee jirti. Itti fufuunis, “Master Plan” ka’eera jechuun dabbaloota isii bobbaaftee olola goyyoomsaa oofuu fi ajjechaas itti fuftee jirti. Kun hundi, gaaffiin abbaa biyyummaa fi bilisummaa kan ummatni Oromoo irratti du’aa fi hidhamaa jiru akka bakka hin geenyeeff ummata Oromoo gargar qooduuf shira hojjetame malee ummata Oromoo labsii kanaan sobanii itti fufanii “Master Plan” hojjii irra oochuuf karoora akka qaban beekamaa dha. “Master Plan” hojii irra oolchuuf, baankii addunyaa, baankii Afrikaa fi mootummoota akka Chaayinaa irraa maallaqa argatanii waan jiraniif karoora kana wayyaaneen taasumaa dhaabuufi hin deemu.

Waan kana ta’eef:

1. Lafa Baadimmee bineensi illee irra jiraachuu hin dandeenye falmachuuf jecha akkuma Tigrooti lubbuu ummattootaa 100,000 ol itti qisaasan, lafti ummata Oromoo inchiin tokko illee alatti osoo hin hafne ummata Oromoof haga deebi’utti,
2. Magaalaan Finfinnee, magaalaa federaalaa ta’ee, magaalaa kana babal’isuu maqaa jechuun kan “Master Plan” raggaase caffee Federaalaa waan ta’eef kan kaasus caffee dhuma federaalaa ta’uu qaba. Kanaaf “Master Plan” ka’eera jechuun kan OPDO’n labsitee labsii federaalaan haga ka’utti,
3. Waggoota 25 darbaniif lafti qonnaan buloota Oromoo irraa saamame fi saamsifame qabeenyaa irraa jiru waliin safaramee guutummaatti qonnaan buloota Oromoof haga deebi’utti,
4. Bilisa ta’ee hiree isaa murteeffachuuf mirga ummatni Oromoo qabu mirkaneessuuf, akkasumas, Lafa abbaa isaanii saamicha irraa tiksuu osoo falmanii kanneen mootummaa wayyaaneetiin ajjeefaman qaama walaba mootummaan wayyaanee keessa hin jree fi akkaataa walaba ummatni Oromoo itti quufutti kan seeratti dhiyaatanii murtii ummatni Oromoo itti quufu haga argatanitti,
5. Bilisa ta’ee hiree isaanii murteeffachuuf mirga ummatni Oromoo qabu mirkaneessuuf, akkasumas, lafa abbaa isaanii saamicha irraa oolchuuf osoo falmanii Oromooti hidhaman hatattamaan gadi dhiifamanii fi sababa hidhamaniif kasaaraa: daldala, hojii, umurii fi barnoota isaanii irra gaheef mootummaan wayyaanee haga itti gaafatamutti,
6. Mootummaan wayyaanee, dhukkubboota adda addaatiin hidhamtoota Oromoo faaluu waan danda’uuf, qaammi walaba ta’e fi ummatni Oromoo itti quufu kan hidhamtoota Oromoo wal’aanu haga ijaaramutti,

7. Shammarran Oromoo waraana wayyaaneetiin gudeedaman hedduu waan jiraniif, dhukkuboota adda adda fi ulfaawuu irraa walaba ta'uu isaanii kan ilaalu qaammi walabi haga ijaaramu fi kanneen yakka kana shamarran Oromoo irratti raawwatan qaama walaba fi akkaataa walaba ummatni Oromoo itti quufutti haga seeratti dhiyaatanitti,
8. Reebicha mootummaan Ixoophiyaa/Wayyaaneen irraan gaheen kanneen qaammi hir'ate fi lafeen cabe, qaama walaba biratti kasaaraa mootummaa wayyaaneetiin wal'aanamani gumaan kaffalameefii kanneen yakka kana raawwatan qaama walaba fi akkaataa walaba ummatni Oromoo itti qufutti haga seeratti dhiyaatanitti,
9. Oromooti wayyaaneen ukkaamfamani bakki isaan bu'an dhabame gara maati isaanitti deebi'anii kanneen yakka kana irratti raawwatan qaama walaba fi akkaataa walaba ummatni Oromoo itti quufutti haga seeratti dhiyaatanitti
10. Barattooti Oromoo mana barnootaa keessaa har'aman, mana barnootaatti deebi'anii kanneen mirga barattoota Oromoo sarban kun qaama walaba fi akkaataa walaba ummatni Oromoo itti quufutti haga seeratti dhiyaatanitti,
11. Qabeenyaan ummata Oromoo wayyaaneedhaan saamame fi caccabe dachaadhaan bakka buufamee kanneen yakka kana raawwatan qaama walaba fi akkaataa walaba ummatni Oromoo itti quufutti haga seeratti dhiyaatanitti,
- 12. Lafti ykn Naannoon Wambaraa fi Raayyaa kan Oromoo irraa fuudhamee Amaharaa fi Tigreef kenname gara Oromiyaatti haga deebi'utti!**
13. Lafti Oromoo Walloo irraa fuudhamee Amaharaaf kenname Oromoof haga deebi'utti,
14. Waraanni Oromoo, waraana wayyaanee keessa jiru, tigroota waliin: ulfina, tajaajila, miindaa fi carraa walqixa haga argatutti,
15. Xaahoo fi sanyii filatamaa qotee bulaa Oromoo irratti fe'uuni fi oomisha dantaa tigrootaa guutu akka oomishaniif dirquun haga dhaabbatutti,:
16. Qotee bulaan Oromoo, dafqa fi humna isaatiin kann oomishu hunda: bakka fedhetti, yeroo fedhetti fi gatii fedhetti gurgurachuuf mirgi inni qabu haga kabajamutti,
17. Barsiisoti Oromoo, tigroota waliin: ulfina, tajaajila, miindaa fi carraa walqixa haga argatanitti,

18. Barattooti Oromoo, akka barattoota tиграayitti: dhiyeessi, qabaa fi carraa walqixa haga argatanitti,
19. Dhaaba siyaasaa fedhan deggeruu fi mormuu fi bilisa ta'anii yaada isaanii ibsachuuf mirgi isaan qaban dhiitamee hojjetooti Oromoo hojii irraa har'ataman, daldaltooti Oromoo hayyamma daldalaa irraa fuudhamee fi qabeenyaan isaanii saamame: hojiitti haga deebi'anitti, daldaltoota Oromoof hayyamma daldalaa haga deebi'ufitti, akkasumas, kanneen qabeenyaan isaanii saamame, kasaaraa isaan mudate waliin haga deebi'ufitti,
20. Hojjetooti Oromoo, tigroota waliin: mindaa, carraa quddachuu, haala hojii fi tajaajila walqixa haga argatanitti fi miindaan dafqaa fi humna isaaniin walgitu haga kaffalamuufitti,
21. Ummatni Oromoo gahummaa qabu, tigroota waliin carra qaxaramuu walqixa haga qabatutti fi ummatni Oromoo tajaajila: mana barnootaa, hospitaalaa, bishaan qulqulluu, korreentii fi kkf kan tigrootaan walqixxaatu haga argatutti,
22. Seera addunyaa fi heera Impaayera Ixooophiyaa, qabxii 39 irratti akka tumametti, mirga hiree muteeffannaa, kan hanga mootummaa isaanii ijaarrachuutti ummattooti qaban tajaabummaa UN tiin hanga hojii irra oolutti,

Qabsoon FXG Oromoo Itti Fufa!

Gadaa, Gadaa Bilisummaa ti !
Injifatnoon Ummata Oromoof !

Qeerroo Bilisummaa Oromoo
Amajjii 21, 2016 Finfinnee, Oromiyaa.